



Tooftaa Ijoolle Barsiisu-kutaa-2ffa

Description

Torbaan darbe akkamitti ijoolle barsiisun akka danda'amu ilaalle turre. Yaadachisaf, tooftan cimaan ijoolle gaarii itti guddisanii fi barsiisan fakkeenya gaarii isaanif ta'uu ykn seenaa nama fakkeenya gaarii isaaniif ta'u itti odeessudha. Har'a itti fufun tooftaalee hafanii fi amaloota nama ijoolle guddisuu fi barsiisu ilaalla.

2.Gorsa gaariin barsiisu – yommuu dogongoran garmalee loluu, arrabsuu fi dhaanu osoo hin ta'in jalqaba gorsuudha. Nama gorsuuf ulaagaalee guuttamu qabantu jira. ?saaniis; gorsi namoota fuunduratti ta'uu hin qabu; yeroon, bakkii fi haalli gorsaa mijaa'a ta'uu qaba. Fakkeenyaaf, yeroo dallansuu gorsuun baay'ee ulfaatadha. Ammas haalli nama gorfamu maal akka ta'e beeku barbaachisadha. Hojii gaarii kan dhiisu fi hojii badatti kan lixu yoo ta'e, adabbii Rabbiitin isa sodaachisu fi rahmata Rabbiitin isa abdachisuun gorsu. Dabalataanis gorsi kennamu jecha qullaa osoo hin ta'in Qur'aana, hadiisa fi jecha aalimmani yoo makate ashaara guddaa namarratti hanbisa. Akkasumas, gorsi kennamu jabaata fi dheeraa ta'uu hin qabu. Laafaa fi gabaabaa ta'uu qaba. Akka fakkeenyaatti kutaa 1ffaa keessatti akkamitti Luqmaan ilma isaa akka gorse ilaalle turre. “Yaa bunayya (Yaa ilma kiyya!)” jechuun jalqabe. Jechi kuni akkamitti akka qalbii laaffisu fi gorsi isa seenu mee ilaali!

Garuu yeroo ammaa maatiin baay'een yommuu nama gorsan arrabsaa fi waqqasaa ijoolle gorsu. Kuni immoo akka ijoolle warra jibbituu fi gorsa isaanii hin fudhanne taasisa. Mataa keeti gorsu yoo dadhabde furmaata wayi sitti akeeku? Ilma kee kana Qur'aana akka baratuu fi qo'atu haala mijeessif. Qur'aanni gorsa gorsa hunda caalu waan ta'eef fedhii Rabbiitin tarii mucaan kuni qajeelu danda'a.

Tooftan biraa ijoolle itti gorsan seenaa (qissaa) gaarii isaaniif odeessudha.

3.Adabbii fi badhaasan barsiisu– amalli ijoolle garagara. Gariin isaanii dafanii aaru, gariin immoo dallansuu ni too'atu. Gariin yommuu dogongorarii fi dogongora isaanii itti akeekan dafanii sirraawu. Fuggisoo kana ijoolle gariin hanga fedhan osoo dogongora isaanii itti akeekanii adabbii malee kan hin deebinetu jira. Haala isaanii irratti hundaa'un adabbii fi badhaasni isaan barbaachisa. Adabu yommuu jennu takkamaan isaan reebu fi miidhu osoo hin ta'in, erga gorsanii booda adabbi malee fala biraa yoo

dhaban adabuudha. Jalqaba ni gorsan, ni akeekachisan, ni sodaachisan. Kuni hundi bu'aa buusu yoo dide karaa adda addaatin adaban. Garuu adabbiin uleen yoo ta'ee mallattoo isaan irratti kan hanbisuu, isaan kan miidhu fi fuula irra ta'uu hin qabu.

Ammas, yommuu ijoolen waan gaarii hojjatan jechaanis ta'i kennaan isaan badhaasun, waan gaarii isaan barsiisun ni danda'ama.

As jalatti wanti hin dagatamne, Ijoollee teessan abaarsan hin adabinaa. Dhugumatti abaarsi isinii fi ijoolle teessan miidha. “Citi! Ilma akkamii Rabbiin natti kenne!” Hin jedhinaan. Kana irra du'aayi godhaaf. “Yaa Rabbi ilma kiyya naaf qajeelchi.” Jedhaa

Kennaa keessatti wal-qixxeessu

Kennaa keessatti wal-qixxeessun bu'uuraalee guddinnaa keessa tokko akka ta'e ilaalun ni danda'ama. Kennaan qabeenya qofatti kan daangeefamu osoo hin ta'in, seeqachu, kunuunsa, hammachuu fi kkf of keessatti kan hammateedha. Kennaa keessatti yoo wal hin qixxeessin hamileen ijoolle garmalee caba. Inumaa isaan jiddutti jibbaa fi diinummaa uumu danda'a. Akka fakkeeniyatti, Nabii Yuusuf fi obboleyyan isaa ilaalun ni danda'ama. Nabii Yaaqub (AS) ilma isaa Yuusufin garmalee jaallataa ture. Ergasii ijoolen isaa biroo jaalala kana waanyun Yuusufitti mala dhayan. Dhumarratti abbaa biraa fuudhanii boollo bishaanitti isa darban. Tarii kuni jaalala waan ta'eef wal-qixxeessun hin danda'amu jechuu dandeenya. Garuu wanta too'achu dandeenyu kanneen akka qabeenyaa, seeqachuu, hammachuu fi kkf nin wal-qixxeesuf yaalu qabna. Sababni isaas, Nu'maan bin Bashiir akkana jechuun gabaase:

“Abbaan kiyya Ergamaa Rabbi (SAW) bira na fiduun akkana jedheen, “Yaa Ergamaa Rabbi! Qabeenya kiyya irraa Nu'maanif wanta akkana akkanaa kennee jiraa ragaa bahi!” Ergasi Ergamaan Rabbi ni jedhe, “**Akkuma Nu'maani kennitee ijoolle tee hundaaf kennite jirtaa?**”. Innis ni jedhe, “Lakki.” Ergamaan Rabbiis ni jedhe, “**Kana irratti anaan ala nama biraa ragaa taasisi.**” Dabalataan ni jedhe, “**Haala wal-qixaatin hundi isaanitu tola akka sitti oolan si gammachiisaa?**” Innis (abbaan koos) ni jedhe, “Eenyen”. Ergamaan Rabbis ni jedhe, “**Yoo akkas ta'e hin hojjatin** (kana jechuun kennaa ilma tokko kennitee ilma kee biraa hin dhoorgatin. Kennaa wal-qixxeessi)” [Sahih Muslim 1623 I](#)

Hadiisa erga guddaa qabuu mitii ree? Kanaafu, ijoolle kennaa keessatti wal-qixxeessu qabna. Ammas, wanti dagatamu hin qabne, yommuu daa'imni haroofti dhalatuu daa'ima dura “Akka waan gatamee fi moofetti” ilaalu hin qabnu. Ijoolen yoo kuni itti dhagahame hamileen isaanii ni caba. Hanga danda'ameen jaalala mucaa ykn intala duraati qabnu itti agarsiisu fi kunuunsu qabna.

Sifaatul Murabbii (Amaloota namni ijoolle guddisu fi barsiisu) qabaachu qabu

1.Ikhlās-namni ijoolle guddisu fi barsiisu hojii fi dubbii isaa keessatti Jaalala Rabbi argachuuf niyyachuu qaba. Abbaa haati ykn barsiisan hojii fi jecha isaanii keessatti iklaasa yoo hin qabaatin, ijoolen gorsa isaanii irraa hin fudhatan, akka fakkeeniyatti isaan hin ilaalan. Kanaafu, yommuu ijoolle gorsinuu fi hojii gaggaarii isaan fuunduratti hojjannu Jaalala Rabbi argachuuf ta'uu qaba. Iklaasni wiirtu hojiin irra naanna'u waan ta'eef. Wiirtun kuni yoo bade hojiin hundi ni badaa jechuudha.

2. Taqwaa-jecha kana Aalimoonni karaa adda addaatin hiikanii jiru. Isaan keessaa: “Taqwaa jechuun **Rabbiin bakka irraa si dhoowwe sanitti akka si hin argine, bakka itti si ajaje sanirraa akka si hin dhabne.**” Kana jechuun haraamaa fi badii Rabbiin irraa si dhoowwetti hin argamin. Fkn, iddoo qumaarin itti taphatamu, alkoolin itti dhugamu, zinaan itti raawwatamutti Rabbiin akka si hin agarre. Ammallee bakka Inni itti si ajajee irraa akka si hin dhabne. Fkn, salaata Jama’aa irraa akka si hin dhabne.

Karaa biraatin taqwaa jechuun wantoota Rabbiin itti nama ajaje hojjachuu fi wantoota Inni irraa nama dhoowwe dhiisun adabbii Isaa irraa of eegudha.

Kanaafu, namni ijoolle guddisu fi barsiisu ofii fi ijoolle adabbii Rabbi irraa eeguf taqwaa qabaachu qaba. Yoo inni taqwaa qabaate ijoollenis isa ilaalun taqwaa qabaachuf tattaafatti. Ta’uu baannan ijoolle gaarii guddisuun hin danda’amu. Rabbiin (subhaanahu wa ta’aala) ni jedha:

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا اتَّقُوا اللَّهَ حَقَّ تَقَاتِهِ، وَلَا تَمُوتُنَّ إِلَّا وَأَنتُمْ

مُسْلِمُونَ

“Yaa warra amantan! Sodaa dhugaa Rabbiin sodaadhaa. Muslimoota taatanii malee hin du’inaa.”
Suuratu Ali-Imraan 3:102

3. Ilmi (beekumsa)– amala baay’ee barbaachisa namni ijoolle guddisu fi barsiisu qabaachu qabu keessaa inni guddaan beekumsa usuula (hundeewwan) amanti Islaama qabaachudha. Fakkeenyaaf, kanneen akka tawhiida, imaana fi kkf. Dhimma haraama fi halaalaa addaan baase beeku qaba. Maaliif? Namni kana sirnaan yoo beeke ofii fi ijoolle karaa qajeelatti qajeelcha.

Garuu jaahila (wallaalaa) yoo ta’e ofii fi ijoolle balleessa. Kana ilaalchise naannoon keenya fi seenan ragaa ni bahu. Kanaafu, ijoollee gaarii guddisuu yoo barbaanne, beekumsa barbaaduf sirritti tattaafachu qabna.

4. Hilm, anaata fi rifq qabaachu-hilm jechuun namni yeroo aaru fi dallanu of too’achuudha. Jechoonni Afaan Oromoo itti dhiyoon “of-too’achu, danda’u, obsuu”dha. Namni hilm qabu dafee hin adabu, ni obsa tarii namni kuni qajeelu waan danda’uuf.

Anaata jechuun immoo wanta tokko murteessun dura xiyyeefannoo itti kennuun hordofuudha. Ariiti fi gubbaa isaa qofa ilaale wanta tokko murteessu dhiisudha. Rifq jechuun immoo namootaf mararfachuu fi laaffisuudha.

Kanaafu, namni ijoolle guddisu fi barsiisu kanniin sadan qabaachuf tattaafachu qaba. Kanniin yoo qabaate, ijoolen salphatti akka maagneetti itti harkifamu, gorsaa fi jecha isaa ni fudhatu. Qur’aanni fi hadiisni amaloota kanaan akka of faaynu itti nu kakaasu. Rabbiin ni jedha:

